Updated December 5, 2022
DOH 420-360 Oromo

Qajeelfama Yeroo Of-Qorannoo COVID-19

Cuunfaa Jijjiiramootaa Mudde 5, 2022

- Odeeffannoo dabalataa waa'ee itti fayyadama of-qorannoo daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'e KEESSATTI
- Bu'aan qorannoo keessan yoo negatiivii tahe maaltu akka hojjetamu irratti Odeeffannoo wayitaawaa

Seensa

Tatamsa'ina COVID-19 hir'isuuf gargaaruuf qorannoon baay'ee barbaachisaadha. Qoratamuun haalawwan hedduu keessatti faayidaa qaba:

- Mallattoowwan COVID-19 yoo qabaattan, daftanii qoratamuu fi tarkaanfiiwwan Danaalee Murtii Mallattoo COVID-19 (afaan dabalataa ni argama) keessatti argaman hordofuu qabdu.
- Nama COVID-19 qabutti yoo saaxilamtan, qajeelfama Nama COVID-19 qabameef yoo saaxilamuu dandeessan maal gochuu qabdu ilaalaa (afaanotni dabalataa ni argamu), qorannoo dabalatee.
- Yeroo tokko tokko sochii dhufuuf jiru kan akka imalaa, dursitanii qorachuu dandeessu, yoo mallattoo dhukkuba kanaa hin qabnee fi nama COVID-19 qabutti saaxilamuu keessan hin beekne ta'ellee.

Ogeessa eegumsa fayyaatiin, bakka qorannoo fayyaa hawaasaatti qoratamuu dandeessu, yookaan **meeshaa ofiin-walitti qabuu** yookaan **of-qorannoo** mana keessatti yookaan bakka kamittuu raawwatamuu danda'u fayyadamuu dandeessu. Yeroo tokko tokko of-qorannoon "qorannoo manaa," "qorannoo manattii" yookaan "qorannoo ajaja ogeessa fayyaa malee" jedhama. Yeroo ammaa kanatti kiitiiwwan ofiin-sassaabuu fi of-qorannoon infekshinii ammaa, jechuunis yeroo ammaa kana COVID-19 qabaachuu fi dhiisuu keessan sakatta'uuf gargaaru. Duraan COVID-19 qabaachuu fi dhiisuu keessan odeeffannoo hin kennan.

Kitoonni ofiin-sassaabuu fi of-qorannoo ajaja ogeessa fayyaatiin yookaan ajaja ogeessa fayyaa malee (ajaja yaalaa malee) mana qorichaa yookaan mana kuusaa daldalaa keessatti ni argamu. Inshuraansii dhuunfaa baay'een isaa ji'atti nama uwwifame tokkoof of-qorannoowwan 8 uwwisuuf barbaadu (Afaan Ingiliffaa qofa). Maatiiwwan naannolee hundaa keessa jiran qorannoolee COVID-19 bilisaa Department of Health (DOH, Biiroo Fayyaa) irraa karaa Say Yes! COVID Test (Qorannoo COVID'f Tole Jedhi!) isaa fudhachuu danda'u. Kaka'umsa COVID Test (Qorannoo COVID). Kun kakka'umsa federaalaa kamittiyyuu dabalatee dha. Yeroo ammaa kana maatiiwwan ji'atti ajajawwan lama kennuu kan danda'an yoo ta'u, kunis ji'atti qorannoowwan bilisaa hanga 10 kan dabalatudha. Ajajawwan toora interneetaan karaa Home (Mana) galchuun ni danda'ama – Say Yes! To Covid Test (sayyescovidhometest.org) (afaanonni dabalataa jiru) yookaan karaa DOH Sarara Ho'aa COVID-19 1-800-525-0127. Yeroo barbaachisaa ta'etti qorachuuf qophaa'uu fi qorannoowwan harkaa qabaachuun barbaachisaa dha. Qorannoowwan akka waliigalaatti ajajni erga fudhatamee guyyoota 2-4 keessatti ni dhufa jedhamee eegamuun ni danda'ama, kunis kutaalee bulchiinsa adda addaa keessatti garaagarummaa qabaachuu danda'a.

Yeroo kanatti US Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsi Nyaataa fi Qorichaa Ameerikaa) qorannoo antijiinii ariifataa COVID-19 mana keessatti godhamu kamiyyuu daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'e irratti akka fayyadamaniif hin mirkaneeffamne yookaan hin hayyamamne. Haa ta'u malee, qorannoowwan antijiinii ariifataa mana keessatti godhamu daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'e irratti kaayyoolee saaxilamummaa boodaa, adda baafamuu fi qorannoo mallattoo agarsiisuuf nagaadhaan fayyadamuu ni danda'a. Warri yookaan guddistoonni daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'e qorachuuf murteessan ofuma isaaniitiin qorannoo antijiinii ariifataa mana keessatti akka raawwatan ni gorfama.

FDA'n qorannoo antijiinii ariifataa COVID-19 mana keessatti daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'e, manneen barnootaa K-12 fi kunuunsa daa'immanii waliin akka fayyadamaniif hin raggaasifamne yookaan hin hayyamamne hayyamni bakka qorannoo yaalaa dhiifame (MTS) daa'imman umuriin isaanii waggaa 2 gadi ta'an irratti qorannoo antijiinii saffisaa mana keessatti raawwachuun hin hayyamamu. Manneen barnootaa K-12 fi kunuunsi daa'immanii qorannoo antijiinii saffisaa mana keessatti warra yookaan kunuunsitootaaf itti fayyadama isaaniif kennuu danda'u.

Barreeffamni kun of qorachuu booda maal gochuu akka qaban qajeelfama kenna. Kana jechuun qorannoo ofii keetii hojjettu, kan ogeessa fayyaatiin hin ajajamne yookaan hin kennamne yookaan gara laaboraatooriitti hin ergamne jechuudha.

Yoo of-qorannoo fayyadamaa jirtu ta'e, qorannoo fayyadamuu keessan dura qajeelfama oomishtootaa guutuu dubbisuu keessan mirkaneessaa. Waa'ee bu'aalee keessan gaaffiilee yoo qabaattan ogeessa fayyaa waliin haasa'aa. Manneen barnootaa fi bakkeewwan hojii tokko tokko hojiitti yookaan mana barumsaatti deebi'uuf of qorachuu fudhachuu danda'u. Deebi'uuf qophaa'aa yoo taatan bu'aalee keessan hojjechiisaa, mana barumsaa fi kkf waliin mari'achuu qabdu.

Bu'aalee of-qorannoo keessan (negaatiivii fi pozaatiivii) toora interneetii irratti fayyyadamuun gabaasaa Say Yes! COVID Test Digitalal Assistant (Gargaaraa Dijitaalawaa) (Afaan Ispeeniin ni jira). Yoomallee qorannoo keessan Say Yes irraa hin ajajne taheyyuu, of-qorannoo kamiyyuu gabaasuuf meeshaa kana fayyadamuu dandeessu. COVID Test program (Sagantaa Qorannoo COVID Eeyyee Jedhaa! irraa argachuu dandeessu. Of-qorannoolee gabaasuun tatamsa'ina COVID-19 Waashingiton keessatti akka gaariitti hubachuuf nu gargaara.

Yoo Qorannoon Kee Pozatiivii Tahe

Odeeffannoo adda baafamuu fi yoo carraan dhukkuba cimaaf saaxilamtan akkamitti yaala argachuu akka dandeessan dabalatee, yoo bu'aan of-qorannoo keessan pozatiivii tahe akkamittiin akka ofii keessanii fi nama biro akka eegdan odeeffannoo bal'aadhaaf, DOH Isteetii Waashingitan ilaalaa Yoo COVID-19 isinirratti argame maal gochuu akka qabdan (afaanotni dabalataa ni argamu) ilaalaa. Bu'aan qorannoo pozaatiivii yoo ta'e qorannoo irra deddeebi'uun hin gorfamu. Bu'aa qorannoo pozaatiivii keessan ogeessa fayyaa keessanitti himaa, akkasumas yeroo dhukkuba keessan isaan qunnamaa. Yoo gaaffii qabaattanii fi ogeessa eegumsa fayyaa argachuu hin dandeenye, Bilbila banaa WA DOH 1-800-525-0127 bilbilaa.

Waldhaansa COVID-19 tin yeroodhan tarkaanfii fudhachuun (waldhaansotaa fi qorichoota) namoota COVID-19 dhan qabamanii fi balaa ol'aanaa dhibee hammaataa dabalataatin qabamuu qabaniif balaa dibee hammaataa fi mana yaalaa ciisuu hir'isuu danda'a. Namoonni carraan baay'ee dhukkubsachuu danda'an ga'eessota umuriin isaanii guddaa ta'e (umriin isaanii waggaa 50 fi isaa ol, umuriin isaanii dabalaa deemuun carraan balaa saaxilamuu dabalaa deema), namoota talaallii hin fudhanne yookaan yeroon isaanii hin geenye, akkasumas daa'immanii fi ga'eessota haala fayyaa murtaa'e qaban, kan akka

nama dadhabe sirna ittisa qaamaa. Yoo ulaagaa nan guuta jettanii kan yaaddan ta'e, maaloo waldhaansa COVID-19 ((PrEP (pre-exposure prophylaxis, qoricha namni balaa HIV tin qabamuu ol'aanaa qabu isa ittisuuf fudhatu), farreen qaamaa horaa seelii tokko qofa irraa uummaman (monoclonal antibodies), farreen vaayirasii afaanii) tif ulaagaa kan guuttan ta'uu keessan beekuf ogeessa fayyaa keessan wajjiin mari'adhaa. **HIN TURINAA: Wal'aansi bu'a qabeessa akka ta'uuf mallattooleen jalqabaa erga mul'atanii booda guyyoota muraasa keessatti jalqabuu qaba**.

Qabeenyawwan teleheelzii bilisaan argachuuf fedhii yoo qabaattan, maaloo Wal'aansa COVID-19 Teleheelzii Bilisaa (afaan Ispeeniin ni argama) daawwadhaatii qajeelfama hordofuun beellama qabadhaa. Wal'aansa addaa COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataa isiniifi ogeessa eegumsa fayyaa keessan argachuuf fuula marsariitii DOH (afaanotni dabalataa ni argamu) daawwadhaa.

Yoo gargaarsa adda baafamuu barbaaddan, kanneen akka nyaataa, meeshaalee kunuunsa dhuunfaa, yookaan fedhii biroo, bu'aa qorannoo keessan pozaatiivii ta'e gabaasuuf Bilbila banaa WA DOH 1-800-525-0127 bilbiltanii Care Connect, yookaan gara giddugala Care Connect (afaanotni dabalataa ni argamu) keessanii qaqqabaa. Yoo gargaarsa adda baafamuu barbaaddan, maaloo bu'aa qorannoo keessanii karaa sarara bilbilaa gabaasaa, gargaarsa argachuu irratti harkifannaa akka hin uumamneef.

Namoota isinitti dhiyaatanitti COVID-19 saaxilamuu akka isaan danda'an itti himaatii Nama COVID-19'n qabameef saaxilamuu dandeessu yoo ta'e maal gochuu akka qabdan (dabalata afaanota jiran) ergaafii. Walumaagalatti nama dhiheenya irratti qunnaman ta'uu jechuun, yoo xiqqaate daqiiqaa ida'amaa 15 fi isaa oliitif yeroo sa'aatii 24 keessatti nama COVID-19 qabu irraa faana 6 keessa turee jira jechuudha. Haa ta'u malee, haalawwan balaa saaxilamuu danda'an dabalan, kan akka bakka cufame, qilleensa gaarii hin taane ykn sochiiwwan akka iyyuu ykn sirbuu raawwachuu keessa turtan yoo ta'e, ammas yoo faana 6 ol isin irraa fagaataniyyuu balaan namoota biroo faaluu ni jira. COVID-19 mallattooleen kamiyyuu osoo hin mul'atin sa'aatiilee 48 (yookaan guyyoota 2) eegaltanii yoo xiqqaate guyyoota 10f erga mallattoon isinitti mul'atee booda daddabarsuu dandeessu. Mallattoon dhukkuba kanaa yoo sirratti hin mul'anne garuu qoratamtanii COVID-19 yoo qabaattan, qorannoon pozaatiivii ta'uu keessan dura sa'aatiilee 48 (yookaan guyyoota 2) irraa eegaltanii yoo xiqqaate guyyoota 10f erga pozaatiivii ta'e booda COVID-19 daddabarsuu dandeessu turtan. Yoo yeroon adda baafamuu keessan guyyoota 10 ol dheerate, kan akka ammallee mallattoon isin mudachaa jiruuf yookaan akka malee dhukkubsattanii yookaan dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu keessan hir'ateef, hanga dhuma yeroon adda baafamuu keessanii akka daddarbaatti ilaalama. Namoota itti dhiyeenyaan isin qunnaman COVID-19f saaxilamuu akka danda'an beeksisuudhaan, nama hunda eeguuf gargaaraa jirtu.

Yoo WA Notify (Aalada Ogeysiiska ee WA) (afaan dabalataa ni argamu) fayyadamtan of-qorannoon COVID-19 yoo qabaattan, WA Notify fayyadamuun fayyadamtoota biroo kan ittiin saaxilamuu danda'an utuu maqaa hin beekamin akeekkachiisuu dandeessu, kunis koodii mirkaneessaa gaafachuunii fi bu'aa keessan moosaajii keessatti dhugoomsuudhaani dha. Kunis namoota moosaajjii kana fayyadaman kanneen saaxilamuu danda'an waan beeksisuuf of eeggannoo gochuun ofii isaanii fi namoota naannoo isaanii jiran eeguu danda'u. Yeroo WA Notify fayyadamtan odeeffannoon dhuunfaa ykn adda bahee beekamuu danda'u kamiyyuu hin sassaabamu ykn hin qoodamu. Koodii mirkaneessaa gaafachuuf:

1. Meeshaa moobaayilaa keessan (Android ykn iPhone) fayyadamuun koodii QR scan godhaa ykn koodii mirkaneessaa gaafadhaa (Afaan Ingiliffaa qofa):

2. Lakkoofsa bilbilaa meeshaa keessan kan WA Notify fayyadamuu fi guyyaa qorannoo COVID-19 pozeetitivii itti taatan galchaa.
3. “Continue” (Itti fufi) kan jedhu filadhaa.

Yoo isin WA Notify keessatti koodii mirkaneessituu gaafachuu hin dandeessan ta'e, sarara bilbilaa COVID-19 Isteetaa 1-800-525-0127 irratti bilbiluu, achumaan # irratti cuqaasuu fi hojjettoonni sarara bilbilaa isin akka fayyadamaa WA Notify taatan akka beekan godhuu qabdu. Fayyadamtoonni WA Notify biroo tarii saaxilamaniiru yoo ta’e akka akeekkachiistaniif hojjattoonni sarara bilbilaa irra hojjatan geessituu mirkaneessaa isiniif kennuu ni danda'u.

Maaloo “Yoo of-qorannoodhaan COVID-19 pozativii taatanii argamtan akkamitti nama biroo beeksisuu dandeessu” (afaanotni dabalataa jiru) kutaa WANotify.org irra jiru daawwadhaa (afaanotni dabalataa jiru) odeeffannoo dabalataaf. Akkaataa bilbila keessanitti itti dabaltan dabalatee waa'ee WA Notify caalaatti baruu yoo barbaaddan, WANotify.org (afaan dabalataa ni argamu).

Yoo Bu’aan Qorannoo Keessan Negatiivii Tahe

Bu'aan qorannoo negaatiivii ta'e vaayirasiin COVID-19 fidu SARS-CoV-2 yeroo sanatti qorannoo kanaan hin argamne jechuudha.

Qorannoo walduraa duubaan jechuun namni tokko yeroowwan dachaaf yoo qoratamu, kan akka guyyoota muraasa muraasaan. Irra deddeebiin qorannoo gochuun, COVID-19 daftanii adda baasuu fi tamsa'ina infekshinii hir'isuu dandeessu. Kitoonni ofiin walitti qabuu yeroo baayyee qorannoo lammaffaa kan qaban yoo ta'u, walduraa duubaan akka fayyadaniif kan qophaa'anidha. Yoo of-qorannoon keessan inni jalqabaa negaatiivii ta’e, qajeelfama oomishtootaa qorannoo walduraa duuba taheef hordofuu qabdu. Isaan kun yeroo baayyee qorannoon yoo xiqqaate guyyoota sadii keessatti al lama akka raawwatamu kan gaafatan yoo ta’u, qorannoolee gidduutti yoo xiqqaate sa’aatii 24 fi sa’aatii 48 caaluu hin qaban. Waa’ee bu’aalee qorannoo keetii yookaan qorannoo walduraa duubaan godhamu ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan ogeessa fayyaa qunnamaa.

Qormaanni antijiinii COVID-19 mana keessatti negaatiivii ta’e yeroo tokko tokko bu’aa “negativii sobaa” ta’uu danda’a. Kana jechuun qorannoon kun vaayirasii SARS-CoV-2 kan saamuda funyaanii keessan keessa ture hin arganne jechuudha. Mallattoolee COVID-19 yoo qabaattan yookaan carraan dhukkuba COVID-19 qabamuu ol’aanaa yoo qabaattan (kan akka naannoo COVID-19 keessa jiraachuu sadarkaa hawaasaa (Afaan Ispeeniin ni jira) ol’aanaa yoo ta’e yookaan nama COVID-19 qabameef yoo saaxilamtan):

- Jalqaba irratti qorannoon negaatiivii yoo ta'ee fi mallattoon COVID-19 yoo qabaattan, sa'aatii 24-48 keessatti hanga yoo xiqqaate guyyaa shanitti erga mallattoon keessan jalqabee booda irra deebi'ii qoratamaa.
- Yoo mallattoowwan COVID-19 hin qabnee fi COVID-19 kan saaxilamtan ta'uu danda'a ta'e, qorannoo antijiiniitiin qorannoo negaatiivii isa jalqabaa erga gootanii booda sa'atii 24-48 booda irra deebi'aa qoratamaa. Qorannoo lammaffaatins sirratti hin argamne yoo ta'e, garuu yaaddoon COVID-19 ammayyuu jira taanan, qorannoowwan waliigalaa 3 f, bu'aa sirratti argamuu dhabuu isa jalqabaa booda sa'atiiwwan 24-48 tiif boqadhu. Qorannoo antijiniidhan marsaawwan 3 qorannoo taasisuudhaf meeshaalee hin qabdanyoo ta'e, akkaataa meeshaalee qabdanii fi saaxilamummaa namoota isin cinaa jiraniitiin qorannoo sanii gadii taasisuun ni danda'ama.
- Yoo bu'aan qorannoo irra deddeebiin keessan negaatiivii ta'e garuu COVID-19 qabaachuu danda’a jettanii yoo yaaddoftan, qorannoo antijiinii fayyadamuun irra deebitanii qorachuu filachuu dandeessu, qorannoo laabraatoorii molakiyuulaa irratti hundaa'e fudhachuuf yaaduu dandeessu, yookaan ogeessa fayyaa keessaniif bilbiluu dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf DOH Danaa Murtii Mallattoo Bakkoota Kunuunsa Fayyaa Hin Taane fi Uummataa(afaanoti dabalataa ni argamu) ilaalaa.

Yoo nama COVID-19 qabutti saaxilamtan fi qorannoon walduraa duubaan negaatiivii ta'e, qajeelfama Nama COVID-19 qabameef saaxilamuu dandeessu yoo ta'e maal gochuu qabdu hordofuu itti fufaa (afaanota dabalataa ni argamu).

Yoo Bu'aan Keessan Sirrii Hin Taane yookaan Dogoggora Agarsiise

Yeroo tokko tokko bu'aaleen isaa ifa miti yookaan gudunfaaf kan hin taane yoo ta'u, qorannichi bu'aaleen keessan pozaatiivii yookaan negaatiivii ta'uu isaa isinitti himuu hin danda'u. Bu’aan fudhatama hin qabne sababoota hedduudhaan uumamuu danda’u, kanneen akka saamudni keessan sirritti walitti qabamuu dhiisuu danda’a yookaan meeshaan qorannoo of-walitti qabuu mudaa kan qabu tahuu danda’a. Bu’aaleen qorannoo fudhatama hin qabne baay’ee xiqqaadha garuu uumamuu danda’u.

Yoo agarsiisni of-qorannoo irratti bu'aa fudhatama hin qabne yookaan dogongora qorannoo agarsiise, qorannichi sirnaan hin hojjenne. Yoo kun ta’e, qorannoon biraa yoo jiraate meeshaa qorannoo haaraatiin al tokko irra deebi’aa. Yoo bu’aan lammaffaan ammallee kan fudhatama hin qabne tahe, qajeelfama ilaalaatii gargaarsaaf oomishtoota qunnamaa. Akkasumas qorannoo dhiyeessaa eegumsa fayyaa yookaan iddoo qorannoo fayyaa hawaasaa irraa argachuu dandeessu (afaanotni dabalataa ni argamu).

Odeeffannoo fi Qabeenyota COVID-19 Dabalataa

Odeeffannoo wayitaawaa yeroo ammaa irratti qabaadhaa Haala COVID-19 Washington keessatti (Afaan Ingliffaa Qofaan), Labsiiwwan Bulchaa Inslee (Afaan Chaayinaa (salphaa), Kooriyaa, Raashiyaa, Ispeenii fi Veeyitnaamii – tarree gubbaa marsariitii irra jiru irraa filadhaa), mallattoolee (afaanota biroon jira – Afaan Chaayinaa (salphaa), Kooriyaa, Ispeen, Veeyitnaamii), akkamitti akka daddarbu (afaanota biroon jira) – Afaan Chaayinaa (salphaa), Kooriyaa, Ispeen, Veeyitnaamii), akkamittii fi yoom namoonni qoratamuu qabu (afaanota biroon jira), fi talaalliiwwan eessaa arganna (afaanota biroon jira). Odeeffannoo dabalataaf Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman (Ingiliffa qofaan) keenya ilaalaa.

Eenyummaan/sanyiin yookin lammummaan nama tokkoo ofii isaatiin namni tokko balaa olaanaa COVID-19 dhaan qabamuu akka qabatu hin taasisu. Haa ta’u malee, hawaasota eenyummaadhaan (halluudhan) adda baafaman irra haalan adda ta'een sababa dhibee COVID-19 tiin dhiibbaan gahaa akka jiru deetaan ni mul'isa. Kunis kan ta'uu danda’ef sababa dhiibbaa sanyummaa fi keessumattuu

sanyummaa caasaa qabu kan gareewwan muraasni ofii isaanii fi hawaasota isaanii irraa ittisuuf carraawwan gadi aanaa ta'e akka qaban taasisuuni. Namaaf maqaa hin taane kennuun dhukkubicha ittisuuf hin gargaaru (Ingiliffa qofaan). Jette jetee fi odeeffannoon sobaa akka hin babal'anneef, odeeffannoo dhugaa qofa qoodaa.

- WA State Department of Health Deebii Vaayirasii Koronaa (COVID-19) (afaanota dabalataatiin ni argama)
- Qajeelcha Fayyaa Naannoo yookin Aanaa Keessanii Barbaadaa (Ingiliffa qofaan)
- Center for Disease Control and Prevention (CDC, Giddugala To'annoo fi Ittisa Dhibee) Coronavirus (COVID-19) (afaanota dabalataa – Chaayinaa (salphaa), Kooriyaa, Ispeen, Veetnaam)

Gaaffiilee dabalataa qabduu? Sarara bilbilaa odeeffannoo COVID-19 keenya **1-800-525-0127** irratti bilbilaa. Sa'aatii bilbilaa:

- Wiixata ganama 6 irraa eegalee hanga galgala sa'aa 10tti.
- Kibxataa hanga Dilbata ganama sa'aa 6 irraa kaasee hanga galgala 6 tti.
- Guyyaa ayyaanota Isteetii Ilaalamee (Ingiliffa qofaan) ganama sa'aa 6 irraa eegalee hamma galgala sa'aa 6 tti.

Tajaajiloota hiikaa afaaniif, yeroo isaan deebisan **# cuqaasudhaan afaan keessa dubbadhaa.** Gaaffilee waa'ee fayyaa keessanii yookiin bu'aawwan qorannootif, maaloo dhiyeessaa eegumsa fayyaa keessan quunnamaa.

Dookumentii kana bifa biraatiin gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbili. Maamiltoonni dhagahuu hin dandeenyee yookin dhagahuu irratti rakkoo qaban, 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa (Ingiliffa qofaan) yookin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.